

WA WIC QAJEELFAMA BITTAA DABALUU

AMAJJII 2025

WAA'EE QAJEELFAMA BITTAA HAARAA WAAN BEEKUU QABDAN:

- Nyaata keenya WIC dhaan mirkanaa'e irratti odeeffannoo gammachiisaa muraasa qabna.
- Qajeelfamni Bittaa durii tarreeffama nyaata haaraa WIC dhaan mirkanaa'e hin qabu.
 - » Oomishaalee haaraa 250 ol ta'an, daabboo dabalatee, midhaan cireef ta'an akkasumas biqiloota baalli isaanii nyaatamu itti daballeerra.
- Qajeelfamni Bittaa keenya haaraan fooyya'iinsa kana qabu toora interneetii fi appii WICShopper irratti ni argama.
- Bara kana fooyya'iinsa Qajeelfama Bittaa hedduu nama gammachiisan qabna. Qajeelfama Bittaa haaraa kana xumura bara 2025 keessa ni maxxansina.
- Fooyya'iinsa taasifame adda baafachuuf barruu Qajeelfama Bittaa duraaniin waliin wal bira qabdanii ilaaluu dandeessu.



QAJEELFAMA BITTAA
DURAANII



QAJEELFAMA BITTAA
HAARAA



DOH 961-1314 January 2025 Oromo

Galme'e kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-841-1410 irratti bilbilaa. Maamilitoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin WIC@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

Fooyya'iinsa nyaatawwan WIC dhaan mirkanaa'an irratti taasifaman bal'inaan beekuuf maaloo qajeelfama kana fayyadamaa.

Ramaddii Nyaataa	Amajjii 6, 2025 Dura	Amma
Midhaan Ciree	Hamma kuufamaa daangeffame Barbaachisummaa shukkaaraa xiqqeessuu	Hamma hunda hanga 36 oz Daangeffamni shukkaaraa ol ka'eera
Toofuu	Kaalshiyeemii hin barbaachisu	Barbaachisummaa kaalshiyeemii haaraa Oomishaaleen toofuu afur haqamaniiru
Midhaan Waliigalaa	Hamma kuufamaa daangeffame	Hanga hunda hamma 48 oz
Aannan Sa'aa	Aannan uumamaa HIN mirkanoofne	Aannan uumamaa mirkanaa'ee
Qurxummii Saamsamaa	Hamma kuufamaa daangeffame	Saalmoonni fi tuunaaf hanga baay'ee ta'e mirkanaa'eera (xaasaan ykn boorsaa kamiyyuu hamma 20 oz tti)
Dhadhaa Ocholoonii	Hamma jaarii 16 oz qofa	Jaarii 15 hamma 18 oz
Oomisha haaraa	Biqiloonni baalaa hin mirkanoofne Sahaanni paartii hin mirkanoofne	Biqiloonni baalaa mirkaneeffamaniiru Sahaanni paartii mirkanaa'eera (mi'essitoota itti dabalaman malee)
Jijjiiramoota Dabalataa		
Aannan Re'ee	Grace Harbor Farms dabalameera: Aannan re'ee guutuu (64 & 32 oz) Kefir re'ee guutuu (32 oz)	
Aannan Sooyaa	Oomishaaleen aannan sooyaa muraasi dhorkamaniiru Oomishi aannan sooyaa "Bettergoods" itti dabalameera	

YAADACHIISTUU

- Filannoo midhaan guutuu tokko WIC dhaan mirkanaa'uu isaa ilaaluuf, aappii WICShopper keessatti kolbaa "**Scan Barcode (Baarkoodii kaasaa)**" jedhu fayyadamaa.
- Oomishaalee mirkaneessuu akka qabnu yoo yaaddaniif aappii WICShopper keessatti "**I couldn't buy this (Kana bituu hin dandeenye)**" fayyadamaa.

WAA'EE MADDEEN BITATTOOTA DABALATAA KANAAF KILINIKA WIC KEESSAN GAAFADHAA

- [Gorsoota Midhaan Ciree WIC Bituuf Gargaaran](#)
- [Gorsoota Faayidaa Midhaan Guutuu Keessan Itti Fayyadamuuf](#)
- [Qajeelfama Bittaa WA WIC](#)
- [Aappii WICShopper](#)
- [Tarreeffamoota Oomisha WA WIC Mirkanaa'e](#)

